OROMO

MANNEEN BARMOOTA SIYAATIL MMATAA – YADACHIISA MIRGA WORRAAF BARMOOTA LAALCHISEE FI NAGAYAAN JIRAACHUU SEERA (FERPA) FI FOORMI QOODA IRAA FUDHATUU DHABUU

Seera haqa worra bartootaa fi seera nagayaan jiraachu'u laalchisee (Under the Family Educational Rights and Privacy Act (FERPA), worri baratoota umriin isaanii 18 gadii, fi baratoota 18 olii (baratoota seeri hayyamteef) waan manni barmootaa isaan iraa eegu laalchisee mirga adda addaa qaban. Umriin barat'a/baratu'u yoo 18 taye/taate, yoo Kutaa Lamataa baratan ilee takkaa worra/eegduu waliin yoo jiraatan ilee, baratoonni seera kana jalatti mirga qabbantu jira. Mirgi qaban kun:

(1) Rekordii barmoota isaanii laalchise eega gaafi isaanii barruudhan Maneen Baruumsa Siyaatilii dhiyeefatan maayii/booda guyyaa 45 keessatti laaluu mirga qaban.

(2) Rekordiin isaanii qajeelaa tayuu yoo baate jijiiramni irratti akka godhamuu gaafatuu mirga qaban. Akka gaafin isaanii itti dhiyaatetti Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa (MBSS) jijiirama baratoota takkaa worra seeri hayyamuuf godhuu dhaban, MBSS worra takkaa baratoota hayyamnii seeraa guutef murtii irra gayaniif mirga isaan qaban himu'ufii qaban. Odeefanoon caalan yeroo worri takkaa baratooni iyyanoo dhiyeefatuun mirga isaanii akka taye itti himaniif ni dhiyaataf..

(3) Baratooni rekordii barmoota isaanii beekku'uf mirga akka qaban, yoo FERPA hayyama malee rekordii kana iffa baase malee. Haali tokko kan hayyama malee rekordii baratoota akka iffa baasan godhu yoo odeefanoo kana waan qondaalota mana barmootaa haala qubsaa dhaaf barbaadan taye duwaa dha. Qondaallan mana barmootaa nama bulchaa MBSS, Itti Gaafatamtoota, barsiiftota, takka gargaartota isaanii (worra fayaa eegu takka worra seera hujjii irra oolchu); baratoota barsiisan, nama Boordi Mana Barmoota keessa hojjatuu, nama takkaa kubaaniyaa MBSS kontraata hujjii kophaa waliin qabu, (waan akka Abukaatoo/xabaqaa, Worra tooyatu, worra fayaa, faya eegdota); takkaa worra yookin baratoota komitee irra hojjatan, worra waan akka nagayan barattootaa eegan takkaa iyyanoo baratoota dhagayan takkaa mana barmoota dhibii iraa hujjii isaanii hojjatan taya. Qondaaltonni mana barmoota fedhii/dantaa barmootaa bakkaan gayu'uf rekordii barmootaa laaluun dirqama hujjii isaanii akka bakkaan gayan gargaaru. Yoo gaafin dhiyaate, MBSS rekordii baratoota hayyama malee gama baratooni baratu'uf itti ramadamanitti/deemnitti gaddi lakiisuu dandayan.

(4) Gama Qondaalla Itti Gaafatamaa Barmoota Biyya titi dadhabii MBS akka seeri FERPA kennutti himatuu/dhiyeefatuu mirga qaban. Iyyanoon barruu dhan gama waajjira Family Compliance Office, U.S. Department of Education, 400 Maryland Avenue, S.W., Washington D.C. 20202-4605 ergaa.

<u>Qajeelfama Odeefano'o</u>: Seera FERPA jallatti, odeefanoon ka iffa bayu "qajeelfama" jedhamuu namuufuu dhiyaatuu dandaya, Worra oduu sasaabu dabalatee, manneen barmoota kollejaf Yunivarsitii Leenjisa woraanaa, waldaya dagragootaa fi shamaranii, fi worra gargaarsa Scholarship keennuuf, yoo isin odeefanoon akka iffa hin- bane jedhanii MBSS beeysisuu baatan: maqaa, teesoo, lakkoobsa bilbilchaa, E-melii, fakkii/footoo, guyyaa dhalootaa, guyyaa mana barmoota itti seenan, balbala baratan, haala keesa jiran, digree takkaa diploma takkaa badhaasa qaban/argatan, barmoota filatan, waan isaan qooda iraa fudhatan beekamaa, fi gitta taphaa/sportii, dheerina, ulfina, barmoota iraa as aanu ka baratan fi odeefanoo biro kan miidhaa fiduu dandaya jedhamee itti hin amanne takaa halanyumaa alla hin baafne jedhamu taya.

<u>Qajeelfama Gadi-lakisa Odeefanoo Baratoota Oolmayaa Daa'imanii duraa hama balbala 8 (Pre-K-8) Barataniif</u>

Akka warra/eegduu baratoota Oolmaya Daa'imnii, Kutaa Duraa, takkaa Kutaa Walak'a filmaata lama (2) keesaa/iraa odeefanoon barataa/tuu keessanii/teesanii akka ala bayuu dhabu diduu filatuu mirga qabdan. Foormii tana guutanii gama mana barmootaa eega deebiftan maayii, gama elektroniksii dhatiin qabamee hama isin foormii haaraya guutanitti hin-jijiiramu. Maaloo asii gaditti sanduuqa tokko filatuu dhan foormii tana gama mana barmoota ijoolee teesanii **Onkololeessa 1** deebisaa. Warri/eegdun foormii tana guutanii sanduuqa tokko filatanii waan hin-deebifnne yoo taate, deebii kennuu dhabuun keessan akka waan sanduuqa "A" filatanii titi lakkaawama.

Baratoota **Oolmaya Daa'imanii hama balbala 8 (K-8)** barataniif

Maaloo sanduuqa tokko duwaa filadhaa:

A. ☐ Odeefanoo asii olii barataa/tuu maqaan asii gadditi dhayame akka gaddi-lakkiftan hayama kiyya kenne.
B. ☐ Odeefanoo asii olii barataa/tuu maqaan asii gadditi dhayame, hayama kiyya waan hinqabneef, yoo seeran taate malee, akka gaddi **hin-lakkifne**.

OROMO

Malatoo fi filanoo baratoota balbala 9-12tif garagalchaa

Qajeelfama Gadi-lakkisa Odeefanoo Baratoota Balbala Sagalii hama Kudha lamaa (9-12) Barataniif

Akka warra/eegduu baratoota kutaa duraa filmaata lama (3) keesaa/iraa odeefanoon barataa/tuu keessanii/teesanii akka ala bayou/bayou dhabu filatuu mirga qabdan. Foormii tana guutanii gama mana barmootaa eega deebiftan maayii, gama elektroniksii dhatiin qabamee hama isin foormii haaraya guutanitti hin-jijiiramu. Yeroo foormi tana yeroo barataan/tuun keesaniif/teesaniif barmoota oolmaya daa'imanii hama balbala sadeetiif guutanii jiraatan, filmaatin yoos gootan hama foormii haraya guutanii galfanatini hin-jijiiramu.

Odeefanoo Leenjisa Woraanaa worraaf/eegdota baratoota kutaa lamataa:

Worri Leenjisa Lolaa, gaaffin isaan itti mirga qaban, waan akka maqaa, lakkoobsa bilbilchaa, fi teesoo baratoota Kutaa Lamataa balbala kudha tokkoof kudha lama baratan, yoo worri, eegdun takka baratooni seeri hayamuuf sanduuqa B fi C malateesuu baatan argatuu dandayan. Worri Lolaaf Leenjisu baratti maraa/yeroo tokko Ji'a Onkololeesaa keesa odeefanoon akanaa barbaadan. Yoo odeefanoon kun Worra Lolaaf Leenjisuuf akka hin kennamnne barbaadan sanduuqa B takka C malateesitanii Ji'a **Onkololeesaa 1** dura/irratti, feedhii teesan akka isinii guutnu deebisuu **qabdan.** Odeefanoon gama koleejotaa, bakka hujji'I, Gita Warra maati'I takka gama warra leenjisa woraana akka dabru yoo barbaadan sanduuqa B filadhaa.

Warra/eegduu baratoota kutaa lamaa fi baratooni kutaa lama worri hayama qaban wanni jajabeesinu sanduuqa B takkaa C filuun MBSS qajeelfama gadi-lakkisa odeefanoo ala hin-baasan jechuu dha. Haatayuu, dameen leenjisa lolaa mada mana barmootaa hin-tayin iraa odeefanoo barbaadan argatuu hin-dandayan jechuu miti. Itti dabalee, sanduuqa B takka C filuun warri lolaaf leenjisu ijoolee teesan waliin yeroo mana barmootaa dhufan dubatuu hin-dandayan jechuu miti.

Maaloo sanduuqa tokko filadh'a foormi tana gama mana barmoota barataa/tuu keessanii/teesanii **Onkololeessa 1** dura/irratti deebisaa. Warri/eegdun foormii tana guutanii sanduuqa tokko filatanii waan hin-deebifnne yoo taate, deebii kennuu dhabuun keessan akka waan sanduuqa "A" filatanii titi lakkaawama.

Baratoota balbala sagalii hama balbala kudha lamaa **(9 -12)** Barataniif:

Maaloo sanduuqa tokko duwaa filadhaa:

A. ☐ Ann qajeelfamni odeefanoo asii olii ka maqaa barataa/tuu asii gadii akka gaddi lakkifamuu hayame.

B. ☐ Ann qajeelfamni odeefanoo asii olii ka maqaa barataa/tuu maqaa asii gadii, hayama kiyya waan hin-qabneef, yoo seera iraan taate malee akk **hin-lakkifamne**. Odeefanoo gama koleejotaa, Gita Warraa, Humna woraanaa, takkaa bakka hujjii hin-eerginaa..

C. ☐ Ann qajeelfamni odeefanoo barataa/tuu maqaan asii gadii, **waan odeefano gama human woraanaa HIN-TAYINIIN**, gadi-lakkisuu hayama kiyya qabdan**.**

Hubanoota Mirga Odeefanoo ala jirtu Gaafatuu Laalchisee:

Seera RCW 28A.320.170, ka bulchaan maneen barmootaa warra/eegduu, seera Washington Public Disclosure Act (RCW 42.56) jalati adaba hojjataa/tuu irra gaye gaafatuu mirga qaban. Odeefanoo ala jirtu MBSS gaafatuu dhaf, gaafii barruu dhan gama: Office of the General Counsel: Attn: Public Records Request; SPS: MS 32-151; PO Box 34165: Seattle, WA 98124, takkaa gama faakisi daatin (206) 252-0111eergu'un gaafadhaa.

_____

Malatoo fi Maqaa Guutuu BAREESSAA

_____ _____ _____

Maqaa Barataa/tuu guututi BARREESSA Guyyaa Dhalootaa Lakoobsa barataan/tuun itiin Itti beekkamu/tu

_____ _____

Malatoo Worra/Eeduu/Barataa/tuu hayama qaban Guyyaa

MAALO WORAQAA TANA QAJEELATTI GAMA MANA BARMOOTA BARATAA/TUU KEESANI/TEESANII GAMA POSXAATIN EERGAA TAKKA HARKAAN FIDAA/DARBAA

Yoo ijoolee heduu/baay'e waan qabdan taate, mataa matatti woraqaa gama mana ijoolen itti baratuutti eerguu qabdan. Foormin kun faayla ijoolee teesanii keessa kaayama.

Jijiirama Hagayya 2008

OROMO

Hagaya, 200

Baratoota Kutaa Lamataa:

Seeri biyyaa amma maqaa, bilbilcha, fi teesoo teesan Damee Humna Woraanaa titi akka hin-dabarsine caraa isinii kenna.

Maneen Barmoota Siyaatil odeefanoo isin irratti rara'u gama Damee Humna Woraanaa tif akka HIN KENNINE, yoo barbaadan maaloo woraqaa tana malateesa'a gama waajjira mana barmoota ijoolee teesanii deebisaa.

Odeefanoon ijoolee teesanii gama Damee Humna Woraana akka hin eergamne yoo barbaadan, woraqaa tana ONKOLOLEESSA 1 deebisuu qabdan.

Woraqaan tun odeefanoo Damee Humna Woraanatiif kenninu duwaa laalti – isin takka worri maatii keesanii odeefanoon nama dhibii/birootif takka dhaabaa akka hin kennamne waan jetan yoo taate ilee woraqaa Keesaa-Baya jetu (The "FERPA") guyyaa dura mani barmootaa banamu isinii kennan deebisuu qabdan. Woraqaan Keesaa-Baya jetu tun odeefanoo nameen dhibii waliin hirmaatnu laalti, fi woraqaa worraan takka eegduu dhaan akka dhugeefamtu (takkaa atti, yoo umriin kee/tee yoo xiqaate 18 taye) malateefamuu qabdi.

Foormii tana yeroo feetan deebisuu dandeetan, haatayuu Dameen Humna Woraanaa bara baraan ji'a Onkololeessa odeefanoo akkanaa gaafatan.

_____ _____

Maqaa Barat'a/tu'u Guyyaa

_____

Mallatoo Barat'a/tu'u